



QAJEELFAMA HOJIIRRA OOLMAA SIRNA
BARNOOTA HAALA COVID -19 KEESSATTI
WAYITII BARNOOTAA DABAREE GUY YAA
TIIN MANNEEN BARNOOTA SIRNA
BARNOOTA AFAAN OROMOO BULCHIISA
MAGAALAA FINFINNEE KEESSATTI KENNA
JIRANIIF KAN QOPHAA'E.

MUDDEE, 2013/2020

BBBMF

FINFINNEE

SEENSA

Biyyaa keenya keessatti sababi dhibee COVID - 19 tiin Bitootessa 07/2012 irra eegalee maneen barnootaa ittisa dhibee kanaatiif cufamuun isaanii beekamadha. Haaluma kanaan istiraateejii deebisanii banuu maneen barnootaa 'school re-opening strategy' qopheessuun haali duree ittisa dhukkuba COVID - 19 ministeera fayyaatiin kaa'ame giddu galeefatame hojii akka bulchiinsa magaalaa Finfinneetti Biiroo Barnootaa dhimamtoota waliin qindoominaan hojjaten maneen barnoota BID, Sadarkaa 1ffaa fi sadarkaa 2ffaa kan mootummaa fi dhuunfaa nageenyummaan isaanii guutumatti eegamee akka saaqaman sakatta'insa taasisuun qophaa'ummaa jiru ilaallame waan haanqatu guutuun akka saaqamani qophaa'e.

Haala Waliigalaa

1. Mataduree Gabaabaa

Qajeelfamni kun qajeelfama fooyya'insa wayitii barnoota gochuun barnoota Gadaa Sirna barnootaa kutaa 1-8 keessatti haammachiisuu, Gosa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9-12 tti akka gosa tokkotti barsiisuu fi ittisa dhukkuba COVID - 19, bu'uura godhachuun istaandarii hammadtoo sirna barnootaan akka filannoo yeeroo rakkotti hojiirra ooluf qophaa'edha.

2. Hiikkaa Jechootaa

BBBMF - Biiroo Barnoota Bulchiisa Magaalaa Finfinnee

BID - Barnoota Idilee Duraa daa'imman wagga 4-6 tiif kennamu.

Dabaree guyyaa- jechuun torbee keessatti guyyota barnoota adda bahee kutaa fi daree barattootaaf ramaddiin itti kennamudha.

Fkn- Wiixata, Roobii, Jimaata dabaree 1^{ffaa} Kibxata, kamisa Sanbata dabaree 2^{ffaa} barattoonni dabaree guyyaa kanatti ramadaman torbee lamaan wali jijjiru.

Filannoo jechuun – sagantaa barnootaa sababa COVID – 19 tiin adeemsa baruu barsiisuu tiif hojiirra oolu.

3. Bakka fi yeeroo hojiirra Oolmaa

Daangaa hojiirra oolamaa qalfama kanaa maneen barnoota bulchiinsa magaalaa Finfinnee keessatti Sirna barnoota Afaan Oromoo walitti makaan ykn qofaatti mooraa addatti BID hanga kutaa 12^{ffaa} kenna keessatti hojiirra Oola. Qajeelfama kana keessatti dhimmi COVID – 19 walqabatu hanga ministeeri fayyaa sodaa ta’u dhiisuu isaa ibsutti itti fufee hojiirra oola.

4. Kaayyoo

Dhimmi ijoon qajeelfama kanaa barnoota sababi COVID – 19 adda cite ture akaakuu barnoota, akkaataa haammattoo barnootaa ta’een qabiyyeen barnoota wagga akka haguuguun danda’amuuf kan kaayyefamedha.

- ✚ Maneen barnoota hunda keessatti sirna baruu fi barsiisuu walfakkaataa ta’e akka jiraatuuf.
- ✚ Rakkoo COVID – 19 xiyyeeffannoo keessa galchuun barsiisota fi hojjattoota hojitti qixaan bobbasuun qaama rakkoof furmaata kennu gochuu.

5. Barbaachisummaa qajeelfama kanaa

Qajeelfama qopheessun barbaachisee rakkoo sababa COVID – 19 akka biyyaattis ta’e akka bulchiinsa maagaalaa keenyaatti nuqunname irra ka’uun barnoota adda cite ture guutummati deebisanii jalqabuun adeemsaan qilqullinaa fi bu’aa qabeessa taasisu, bakka hir’inni barsiisa jiruutti hanga furmaatni kennamutti barsiisaa jiru wayitii olaanaa akka qabatu gochuu, barnoota Gadaa sadarkaa 1ffaa keessatti akkasumas gosa barnoota Afaan Oromoo Sadarkaa 2ffaa keessatti hojii irra akka ooluu fi haala raawwii keessatti hordoffii gochuuf akka tolu qajeelfamni kun qophaa’eera.

6. Sagantaa Barnootaa fi Adeemsa baruu barsiisuu

6.1. Qabiyyee barnoota bara 2012 keessatti hin haguugamniif bakka bu'iinsi akka kennamu gochuu. Kunis bakka bu'insaaf qabxiileen xiyyeeffannoo kutaa fi gosa barnootaan qophaa'ee kan gadi bu'e ta'uus yeeroo ammatti bakka bu'iinsi kennamu torbee lama (2) qofa ta'a. Qabiyyee bakka bu'iinsaaf gadi bu'ee ka'umsa ta'ee barsiisonni mat-duree barbaachisoo torbee lamaaf keessa deebii barsiisu.

6.2. Maneen barnoota dabaree guyyaatiin yeeroo barnoota kennan

- ✚ Barattootni koochoodhaan guyyaa sadii baratu.

- ✚ Wayitiin tokko daqiiqaa 50 qaba.

- ✚ Guyyaa tokkotti wayii 8(saddeet) baratu.

- ✚ Guyyaa sadiitti wayitii 24 (Digdamii afur) kennamaaf.

6.3. Gosti barnoota Afaan Oromoo akka barnoota tokkotti sadarkaa 2ffaa kutaa (9 - 12) tti ni kennama.

- ✚ Manneen barnootaa Afaan Oromoo tiin barsiisaa turanii bara kana barattoota kutaa 11ffaa geessisan Afaan Oromoo barsiisuu akku jirutti itti fifu

- ✚ Mannee barnootaa Mootummaa bara 2013 A.L.I gosa barnoota Afaan Oromoo barsiisuuf barattoota galmeefatan ka'umsi kutaa 9^{ffaa} ta'u beekanii; carran kuni kana dura waan hin jireef bifa addattiin barattoota bara kana qofaaf kutaa 10^{ffaa}, 11^{ffaa} fi 12^{ffaa} keessatti akka baratan ni eeyamama.

- ✚ Barattootni Naannoo Oromiyaa keessatti Afaan Oromoo baratani jijjirraa gara bulchiinsa magaalaa Finfinne dhufan ragaa isaani irratti Afaan Oromoo barachuu kan agarsiisu yoo jiraate kutaa isaani gitu galuuf mirga qabu.

- ✚ Manneen barnoota sadarkaa 2ffaa dhuunfaan barnoota kennan gaaffii yoo dhiyeessan haalli barnoota gosa barnoota Afaan Oromoo barsiisuu isaan dandeessisu Biiroo barnoota bulchiinsa Magaalaa Finfinneetii erga ilaalamee boodaa qaamaa ilaaluun eeyamni akka kennamu ta'a.

- ✚ Manneen barnoota Mootummaa fi dhuunfaa Sadarkaa 1ffaa keessatti Afaan Amaaraa fi Afaan Ingiliziitiin ala gosa barnoota hunda Afaan Oromootiin kan barsiisan yoo ta’e qofaa eeyamni kennama. Kanaan alatti Yeerodhaaf Sadarkaa 1ffaa fi Oolmaa daa’immanii keessatti akka gosa tokkotti kennu hin danda’amu.
- ✚ M/Barumsaa sad.2^{ffaa} kutaa 9-10 sirna barnoota laman walitti makuudhaan barnoota kennan keessatti barattootni Afaan Oromoo baratan dareen qofaatti gurmaa’ee gosa barnoota Afaan Oromoo ni baratu.
- ✚ Barattootni kutaa 11 fi 12^{ffaa} barnoota Afaan Oromoo fi Afaan Amaaraa filanoodhaan kan baratan yemmuu ta’u wayitii wal fakaataarratti gosa barnootaa lamaanuu kan dhaabbatu ta’ee, barattootni erga filanoosaaniin gosa barnoota barbaadan sana kutaa qophaa’eetti baratanii booda barnoota kaaniif walitti deebi’u.

6.4. Barnoota Gadaa sirna barnoota keessatti haammachiisuun dhaloota ittin qaruun waan itti amanameef barattoota sirna barnoota Afaan Oromoo kutaa 1 – 8 barachaa jiraniif ni kennama.

- ✚ Barsiisonni gosa barnoota Gadaa yeeroof barsiisuu danda’an kutaa (5-8) fi kutaa (1-4) gosa barnootaa kami ta’u akka qabu akkasumas haalli rammaddii barsiisota karaa biiroo yeero gabaabatti manneen barnoota dhaqabee hojitti hiikama.
- ✚ Barnoota Gadaatiif bu’uura olitti ka’ameen wayitii fi barsiisaa ramaduun baatii Muddee/2013 kana keessatti barnootni daree akka eegalu taasifama.

6.5. Yeeroon xumura seemisteera 1ffaa fi 2ffaa kaalandarii yeeroof qophaa’ee gadi bu’e irratti hundaa’e

- ✚ Madaallii walitti fufaan mala tuttuqaa hir’isuun ni kennama.
- ✚ Barnootni raadiyoo sagantaa barnootaa yeeroof qophaa’een akka walsimutti ni barsiifama.

7. Ramaddii Wayitii Kutaa Fi Gosa Barnootaan

BARA 2013 TTI YEROOF WAYITII BARNOOTAAF KENNAMME

Wayitii Barnootaa	SA'ATII
1 ^{ffaa}	2 : 30 - 3 : 15
2 ^{ffaa}	3 : 15 --- 4 : 00
3 ^{ffaa}	4 : 00 ---- 4 : 45
WAYITII BOQONNAA	
5:00	4:45 ----
4 ^{ffaa}	5 : 00 ---- 5 :45
5 ^{ffaa}	5 : 45 ---- 6 :30
WAYITII LAAQANAA	
---- 7 : 45	6 : 30
6 ^{ffaa}	7 : 45 ---- 8 : 30
7 ^{ffaa}	8 : 30 ---- 9 : 15
8 ^{ffaa}	9 : 15 ---- 10 : 00

BARNOOTA SAD.1FFA DURAATIIF (KG) BARNOOTA KENNAMU

Lak.	የት/ት ዓይነት	Gosa Barnootaa	ክፍል/ Kutaa		
			KG-1	KG-2	KG-3
1	አፋን ኦሮሞ	Afaan Oromoo	X	X	X
2	እንግሊዝኛ	Afaan Ingilizii	X	X	X
3	ሐሳብ	Herreega	X	X	X
4	ስዕል	Fakkii	X	X	X
5	አካባቢ ሳይንስ	Saay. Naannoo			X

KUTAA 1- 4

ተ.ቁ	የት/ት ዓይነት	Gosa Barnootaa fi wayitiilee kennaman		
		Gosa Barnootaa	Wayitt duraa	Wayitii ammaa
1	አፋን ኦሮሞ	Afaan Oromoo	6	4
2	እንግሊዝኛ	Afaan Ingilizii	7	5
3	ሐሳብ	Herreega	7	5
4	አካባቢ ሳይንስ	Saay. Naannoo	9	5
5	ኢኮኖሚክስ	Isteetiksii	6	3
6	የገዳ ትምህርት	Barnoota Gadaa	-	2
			35	24

KUTAA 5- 6

ተ.ቁ	የት/ት ዓይነት	Gosa Barnootaa fi wayitiilee kennaman		
		Gosa Barnootaa	Wayitt duraa	Wayitii ammaa
1	አማርኛ	Afaan Amaaraa	3	2
2	እንግሊዝኛ	Afaan Ingilizii	6	4
3	ሒሳብ	Herreega	6	4
4	የተቀናጀ ሳይንስ	Saay. Walsimataa	4	3
5	ማህበራዊ ሳይንስ	Saay. Hawaasaa	3	2
6	ስነ ሜሪ	BLAG	3	1
7	ጤሰማ	Ispoortii	2	1
8	አፋን ኦሮሞ	Afaan Oromoo	4	3
9	መዝናኛ	Muuziqaa	2	1
10	ስዕል	Ogummaa	2	1
11	የገዳ ትምህርት	Barnoota Gadaa	-	2
			35	24

KUTAA 7- 8

ተ.ቁ	የት/ት ዓይነት	Gosa Barnootaa fi wayitiilee kennaman		
		Gosa Barnootaa	Wayitt duraa	Wayitii ammaa
1	አፋን ኦሮሞ	Afaan Oromoo	4	3
2	አማርኛ	Afaan Amaaraa	2	1
3	እንግሊዝኛ	Afaan Ingilizii	6	4
4	ሒሳብ	Herreega	6	4
5	ፊዚክስ	Fiiziksii	3	2
6	ኬሚስትሪ	Keemistirii	3	2
7	ባዮሎጂ	Baayoolojii	3	2
8	ጂኦግራፊ	Hawaasa	3	2
9	ጤሰማ	Ispoortii	2	1
10	ሥነሜሪ	BLAG	3	1
11	የገዳ ትምህርት	Barnoota Gadaa	-	2
			35	24

KUTAA 9- 10

BARA 2013 A.L.I KUTAA 9- 10'F BARNOOTA AF WAYITII KENNAME

ተ.ቁ	የት/ት ዓይነት	Gosa Barnootaafi wayitii barnootaa		
		Gosa Barnootaa	Wayitt duraa	Wayitii ammaa
1	አፋን ኦሮሞ	Afaan Oromoo	2	2
2	አማርኛ	Afaan Amaaraa	2	2
3	እንግሊዝኛ	Afaan Ingilizii	5	3
4	ሒሳብ	Herreega	5	3
5	ፊዚክስ	Fiiziksii	4	2
6	ኬሚስትሪ	Keemistirii	4	2
7	ባዮሎጂ	Baayoolojii	4	2
8	ጂኦግራፊ	Hawaasa	2	2
9	ታሪክ	Seenaa	2	2
10	ሥነ ዜጋ	BLAG	2	2
11	ጤሰማ	Ispoortii	1	1
12	ኢኮኖሚ	ICT	2	1
			35	24

KUTAA 11- 12

BARA 2013 A.L.I KUTAA 11-12'F BARNOOTAAF WAYITII KENNAME

I. Natural Science (Saayinsii Uumamaa)

ተ.ቁ	የት/ት ዓይነት	Gosa Barnootaafi wayitii barnootaa		
		Gosa Barnootaa	Wayitt duraa	Wayitii ammaa
1	አፋን ኦሮሞ	Afaan Oromoo	-	1
2	አማርኛ	Afaan Amaaraa	3	
3	እንግሊዝኛ	Afaan Ingilizii	6	5
4	ሒሳብ	Herreega	5	4
5	ፊዚክስ	Fiiziksii	4	3
6	ኬሚስትሪ	Keemistirii	4	3
7	ባዮሎጂ	Baayoolojii	4	3
8	ኢኮኖሚ	ICT	3	2
9	ተ/ድራዊንግ	Teeknikaal Diraawingi	2	-
10	ጤሰማ	HPE/Ispoortii	1	1
11	ሥነ ዜጋ	BLAG	3	2
			35	24

II. Social Science (Saayinsii Hawaasaa)

ተ.ቁ	የት/ት ዓይነት	Gosa Barnootaafi wayitii barnootaa
-----	-----------	------------------------------------

		Gosa Barnootaa	Wayitt duraa	Wayitii ammaa
1	አፋን ኦሮሞ	Afaan Oromoo	-	1
2	አማርኛ	Afaan Amaaraa	3	
3	እንግሊዝኛ	Afaan Ingilizii	6	5
4	ሐሳብ	Herreega	5	4
5	ታሪክ	Seenaa	4	3
6	ጂኦግራፊ	Hawaasa	4	3
7	ኢኮኖሚክስ	Economics	4	2
8	ኢኮሎጂ	ICT	3	2
9	ብዝሃ	Biizinasii	2	1
10	ጤላማ	HPE/Ispoortii	1	1
11	ሥነ ህግ	BLAG	3	2
			35	24

Yeeron xumura rakkoo COVID- 19 gara fuula duratti kan beekamu ta’us wayitii barnoota kan duraaniitti yoo kan dutaatti yoo deebi’u gosa barnoota murasaa irratti baay’inni wayitii torbee kan armaan gadiitti sirratee hojiirra oola.

ተ.ቁ	የት/ት ዓይነት /Gosa barnoota/		Kutaa fi baay’ina wayitii totbee	
			1 - 4	5 - 8
1	እንግሊዝኛ	Afaan Ingilizii	6	5
2	ሐሳብ	Herreega	6	5
3	አካባቢ ሳይንስ	Saay. Naannoo	8	--
4	የገዳ ትምህርት	Barnoota Gadaa	3	3
5	ሥነ ህግ	BLAG	--	2

8.Qajeelfamicha fooyyessuu

Biiron barnoota bulchiinsa Magaalaa Finfinnee /BBBMF/ qajeelfama kana yeeroo barbaadetti fooyyessuu ni danda’a.